# 31. YESOFI NIITI SAMARIA

**Yohana 4:1-45**

Eegi jila Pasaka, Yeso fi jari isa Galiyaati deebiani. Guyya kana lafa Samaria keesa bahani. Gaafasi worri Yahudii worra Samaria guddo tuffata waan worri sanyi makhama Israelitifi Ashuruu tahaniif. Gaafa duri Mootumaan Ashuuruu Israeli mohate, makhami kunin tahe.

Duuba kha worri Samaria jiru, Yesofi jari isa gara eela Yakoboo d'ufani. Tanaafi Yesoni kara deeme dad'amnaani, eela bira tae. Hojjaani suni guyya gudda. Jari isaa yayu dira d'aqe, aka sagale bitani. Niitiini Samaria toko bisaani woraabachu d'umnaani Yesoni, "Bisaani na obaasi jed'eeni." Niitiini Samaria suni waan isaani jette, "Atini gosa Yahuditi; anini niiti gosa Samariati; atini akami jette bisaani na kad'atta?" (Wonti isiini akasi jetteefi Yahudiini gosa Samariatiini wolimbeetu.)

Yesoni waan jed'eeni, "Yo sila atini galata Waaqaa beete ammalle nama bisaani si kad'atu kana beete, bisaani jireenna isa kad'atta." Niitiini taani waan jetteeni, "Aabbo, atini waan woraabduuni inqabdu, eelileeni guddo gadi qile, eesa bisaani jireenna suni argatta re? Atini abba keenna Yakobo, ka eela kana ufi d'uge nule kenne, ilmaaniifi hori ufi obaase ira jirta?" jette gaafate. "Yesoni waan jed'eeni, Nami bisaani kana d'ugu deebie d'eebota, ammo nami bisaani anini kennu d'ugu haga jiru jireennale deebie ind'eebotu. Wonti akanatiifi bisaani anini kennu suni isa keesa maddani burqa tahani, haga jiru jireennale deebie ind'eebotu." Niitiini suni waan jetteeni, "Aabbo, bisaani kana naa kenni, aka ind'eebonne, yokhaani aka deebie arma d'ufe bisaani iworaamne."

Yesoni waan isiini jed'e, "Beeni, d'aqi, d'iirsa ke yaami, armaani kooti." Niitiini taani waan jetteeni, "Anini d'iirsa inqabu. Yesoni waan jed'eeni, Atini d'uguma, Anini d'iirsa inqabu jette. Maro shani ya si fuud'ani, namichi atini amma woliini jirtu sunileeni d'iirsa keetiiniti, tana d'uguma baante." Niitiini taani waan jetteeni, "Aabbo, anini aka atini raaga yayu arge.

Ababooti teenna gaara kana irati Waaqa kad'atte, ammo isani, Fullaani Waaqa iti kad'achu malani Yerusalemu jettani." Yesoni waan jed'eeni, "niiti tana, na d'ugefad'u, guyyaani ind'ufa ka gaara kanaafi Yerusalemu keesaleti! Abba inkad'anne. Isani waan imbeenne kad'attani, ammo nu waan beennu kad'anna; wonti akanatiifi baafami gara Yahuditi d'ufa. Ammo guyyaani ind'ufa, ammalle arma jira, ka nami aka d'uga kad'atu lubbufi d'ugaani Abba kad'atu. Nama akana kana Abbaani barbaada aka isa kad'atu. Waaqi Lubbu, nami isa kad'atu lubbufi d'ugaani kad'achu male."

Niitiini taani waan jetteeni, "Aka Masihi, ka Kristo jed'ani d'ufu, anini imbeekha. Inni gaafa d'ufu waan ch'ufa nu barsiisa." Yesoni waan isiini jed'e, "Ka siini dubbatu kunini isuma." Niitiini taani bute ufi lakifte, dirati deebite waan biyyaani jette, "Koota, nama waan anini duri tolche ch'ufa nati hime ilaala. Kunini Kristo taha?" jette gaafate. Worri

diraa yae Yesoti d'ufe. Worra suni male, nami hedduuni, maro dubbi isaatiifi isa d'ugefate, waan niiti taaniini jed'e, “Maro dubbi tantetiifi ind'ugefanne, ammo maro nu gurra keennaani d'ageenneefi d'ugefanna, akasiini aka inni d'uguma Qarqaarsa lafa ch'ufa beena.”

**QAJEELUMSA BARNOOTA**

**HIMAANSA JALQABA: Ask one of these pre-story questions to the whole group or discuss in pairs.**

- Siifi kanisaan kanke kara kamiin tuffiifi jibba gumii ballo kees bahuu jira?
- Fulaan yokhaan haali atin dandeette Waaqa akdansa guddiftuun kami fa?

**ODUU: Oduu tana irdedeebii himi akka akka gumii waliiin baratan.**

**HAASA EEGI ODUU HIMANI: Gaafi tanaati haasa suni qajeelcha: -**

**Waan YESO nu maan baranna? Kara kamiini akka Yeson Waaqa argina?**

- **Oduun tunini kara kamiini humnaafi jabeenna Yeso garsiifti?**
  - Yeson daanga aadaa ta gumiin Yahudii isa gooyesitu soda male ch’abse taakke.
  - Inni angoo bisaan jireenna niiti Samariaati gati male kenuufi inqaba, kha eenuma isiitin isi inch’iqilchine.
  - Yeson niiti suni inajaje akka isiini deemte d’iirsa ufi yaamtu.
  - Yeson jabeenna onne nama jijiirun qaba. Worri isa arge ch’ufti injijiirame. Worri ch’ufti ind’ugeefate.
- **Oduun tunini kara kamiini akka Yesoni waan ch’ufa beekhu garsiifti?**
  - Yesoni waan ch’ufa ta niitin duraan hojjate imbeekhe. Inni onne isii imbeekhe.
  - Yesoni waan niitii sunii feesisa imbeekhe. Bisaan eelalle irra bisaan hafuurati isii feesisa.
  - Yesoni saati waqefannaan d’ugaa taatu imbeekhe. Inni bifa waaqefanna d’ugaalle imbeekhe.
  - Yesoni kara dansa niiti suniin d’aqabanille beekhe akka isiin d’ugeefate araara galtu tolche. Haalafi jireenni isiin kees jirtu guddo isa tuqe.
  - Inni haasa keesati waan isiin mormu himmalle beekhe, qajeelumaati onne isa seene. Inni akka isiin dubbachuu male imbeekhe, kara jaalalaatifi ammalle d’ugaatin.
- **Oduun tunini kara kamiini akka Yesoni qulqullo himti? (akka inni kha d’ugaa, ammalle qajeela, abba seera kha gati ch’ubbu duisan baasu)**

- Ch'ubbu algalooma irraati niitin ilole.
- Inni waaqefanna d'ugaa d'araa, akka aada Yahudiitifi ta Samaria gula deeman ch'allaaniti.

- **Oduun tunini kara kamiini akka Yesoni abba naasuu garsiifti? (abba jaalala, kha chubichaa nahu, arja, kha ilme namaatin wolhaasau).**
    - Yesoni kara naasutiifi, ulfinnafi, laanatiin niiti suni haasese.
    - Inni niiti ch'ubbiti gurr hama qabdu ta worra Samariatin wolhaasae.
    - Inni isi jaalate morommi isiille durumati deeme ch'aqase. Inni kara isiin yoosu d'ugeefate araara galtuunini isi haasese.

  Inni niiti suni bisaan jireenna kennefi, Oduun Dansaan jireenna hind'umanneeti nama qajeelchiti (Isa 12:3, Far 42:18, Jer 2:13).

    - Inni akka d'ugumaan Masihi tahe niititi ufmullise.
    - Inni guyya lama biya waliin taae, dubbi Waaqa barsiisaa, jireenna hind'umanne gummi Samariaati kennaa. Ato gumii Yahudiitin wolti nyaapellee.

- **Oduun maanin dhugeefatamumma Waaqa garsiifti? (akka inni hinjijiiramne, akka inni kakhu isa jabeessu, akka inni jecha isa guutu).**
    - Yeson niiti suni qorqorate, jaabesse ordofe haga isiin ch'ubbu ufiitifi tola eeba isa argitu.
    - Waaqi Abrahamuu kakhu kakhate akka gosa ch'ufa kara sanyi isaatin eebisu. Ammalle, kara raagoletin, inni inkakhate akka Baasani gumii Yahuuditifi ta gosa d'ibiileef d'ufu. Armaatti, Yesoni niiti Samariatifi jara olla isiille ch'ufa baafama kenneefi.
    - Yesoni kha abaarsa chabsu; inni abarsa du'aatifi kha ch'ubbuu ch'absa.
    - Yesoni kha d'ugeefatame, akka Masihi duri Waaqi gumi isaati kakhate, inni diidesse ufmullise. Nama isa d'ugeefate ch'ufaa bisaan hafuura kenneefi.

<u>**Waan ilme NAMA oduu tunin maan nu barsiifti?**</u>

- **Akka nami Waaqaa waan gati guddo qabu, oddun tunin maan nuti irra nuti himti?**

  - Yeson niiti suni jaalate. Qoommi sun fud'ate isi d'aqabe.

- **Akka ilmeen nama chubbittii, ta Waaqi wolaala iti muruu male, oduun tunini maanin garsiifti?**

  - Niitin tunini guyya guddaan fula eela d'ufte akka nami isi hingarre. Gurra hama ch'ubbuutin beekamti.

- Marro heddu d'irsowan isiitin gargari baate, kha ammalle jireenna ch'ubbuutin namicha tokko barate waliin teetu.

- **Oduun tunini kara kamiini akka Waaqi ilme namaati feesisu ammalle akka ilmeen nama dandeete ufi himbaamne garsiifti?**
  - Niitini waan jireenna hind'umanne fa yokhaa waan "bisaan jireenna" himbeenne. Bisaan isiin feetu kha haga gabaaba ch'alla d'eebu nam baasu, yo chufa d'eebotan.
  - Isiini waan d'ugumaan hafuura isiiti feesisa garsiifti yo Yeso d'ugeefate utaalte nama ch'ufaati isa lallabu deemte.
  - Niitin guddo qarqaarsa waan d'eebu isii ta algalooma diqeessa d'abde. D'arra fooniti isi moohate bulcha.

<u>**Waan BAAFAMA maan baranna? (Akkamiin nami gara Waaqati d'ufa?)**</u>

- **Akka ilmeen nama kara Waaqa challaani gara Waaqa dhuftu, oddun tunini maanin garsiifti? (Fed'i Waaqatiifi yaada isa gula?)**
  - Nami dandae marro fulaa waqefannaatifi yokhaan bifa waqefannaatifi baafam inargatu, ammo kara Waaqatiin, kara d'ugaaf hafuuratin, akkan jechuuni, yo d'ugaan Kristoo onne nama seente ch'allaa.
  - Isiin injijiiramte. Ila gumii worri waliin fidamu hinsodaanne. Isiini baafam gudda kana biyyaati himu feete. Afaan d'ibiini, isiin kara d'ugeefachaatini Yeso bira 'bisaan jireenna' d'unnaani, galaani d'ugaatifi jireenni worra olla isiilleti dabre!
- **Akka nami akka baafama argatu, daba irra deebie ammalle dhugeefachu male, oduun tunini maanin garsiisfti?**
  - Niitin ineeyamte akka Yeson marro ch'ubbu isiitifi loleen, akka inni Kristoolle isiin ind'ugeefate, akkas jechuuni, akka inni Masihi.
  - Eegee worri olla suni kha Yeson wolwoldae ch'ufti indugeefate.
  - Aadaan nam himbaaftu, ammo onne d'ugaan jijiiramte.
- **Niitin Samaria kara kamiin akka Waaqi nama d'ibi d'aqabu tolchite?**
  - Isiin utaalte waan argite d'ageete worra olla isiiti himte.
  - Isiin akka nami d'ibiin isii laale irra herregu hinsodaanne.

<u>**Gaafi Ballinaani Huji irra Oolchuu Malani**</u>**:**

- Yo gari **atin akka nama tuffate qofati qabame** ufilaalta, kha nami d'ibiin ch'ufti si jibbu. Yokhaan **ch'ubbu tante laalte** waan Waaqi si baasu dandau hinseetu. Eegi oduu tan d'ageette, haala sun keessati mala keeti, Yeson maan jed'a?

- Yeson worra gatame d'aqabe. **Kanisaan kanke** kara kamiini **worra gatame d'aqabuuti jira?** (Worra dukkuba HIV qabu, machoole farsootifi sigara, worra arraba turricha) Waaqi kara kamiini akka kanisooti teena worra gatame qarqaarti?
- Siifi kanisaan kanke jara uwwa akka Kriston laalu laaltani? Isan akka oboleyan teesani ta Kristo keessa worra ulfeesitani Odu Dansa odeesitu? Yo sii fi kanisaan kankeetilleen akka Yeson worra ulfeesse suni atilleen worra ulfeesite, jijiiram akkamiiti taha?

**<u>Gaafi huji irra oolchuu malan (akka nam tokooti yokhaan akka gurmuutti):</u>**
(Gaafi tokko yokhaan lama filadhu akka dansa adda iti dhaabadhu.)

- Yesoni waan niitin sunin duri taate ch'ufa imbeekhe. **Waaqi arralle waan ch'ufa imbeekha, onne teetifi** ch'ubbu atin d'ossaan hojjatulle imbeekha. Maantu sii feesisa akka guyya arra ch'ubbu tante isaati himattu?

  Nami gosa d'ibi kha tuffatame kha arra Waaqi akka atin d'aqabdu iti si yaamuti jiru tokolleen injira?